DEPARTMENT OF CHILDREN, YOUTH, AND FAMILIES

# Dursa Qorannoo Daa'immummaatiif Gaaffiiwwan Maatiin Irra Deddeebiin Gaafatan

## Dursi Qorannoo Daa'immummaa Maali?

Dursa Qorannoo Daa'immummaatiif sagantaa bilisaa Minnesotaa keessatti qophaa'ee fi akkaataa daa'imni tokko dabalaa fi guddachaa jiru sakatta'uudha. Qorannoon fayyaa daa'immanii akka barattoota milkaa'anitti kan deeggaru yoo ta'u, bu'aa guddinaa gaarii akka argatu taasisa. Qorannoo carraa kan barumsa dafanii argachuutiifi riferaala argamsiisuus danda'a.

## Dursa Qorannoo Daa'immummaa Yooman Saganteessuu Qaba?

Sagantaan Dursa Qorannoo Daa'immummaa ijoolleen yeroo umuriin isaanii waggaa sadii guututti ni kennama. Barattoonni sagantaa kana osoo mana barumsaa daa'immanii hin jalqabin dura ykn erga jalqabanii guyyoota 30 keessatti mana barumsaa daa'immanii ykn kutaa tokkoffaa jalqabuu qabu. Mucaan keessan yeroo kamiyyuu mana barumsaa daa'immanii dura qoratamuu kan danda'u ta'us, yaaddoon fayyaa ykn guddinaa kamiyyuu dafee furmaata argachuu akka danda'uuf umurii waggaa sadiitii hanga afurii gidduutti gochuun gaariidha. Qorannoo wal-madaalu kan dhiyeessii mana barumsaa hin taane, kanneen akka Head Start, Child & Teen Checkups ykn dhiyeessaa kunuunsa fayyaatiin, kutaalee mana barumsaatiinis fudhatama ni qabaata.



## Dursa Qorannoo Daa'immummaa Akkamittan Saganteessuu Danda'a?

Aanaaleen manneen barnootaa kan naannoo waggaa guutuu Dursa qorannoo Daa'immummaa ni dhiheessu. Yeroo daa'imni keessan waggaa sadii guutu odeeffannoo dabalataaf kutaa mana barumsaa keessanii qunnamuu dandeessu. Aanaa mana barumsaa keessan argachuuf, teessoo keessan gis.lcc.mn.gov/iMaps/schooldistricts irratti galchaa.

## Yeroo Dursa Qorannoo Daa'imummaa Maaltu Ta'a?

Dursa Qorannoo Daa'immummaa fayyaa fi guddina daa'ima keessanii ni sakatta'a. Qorannoon kutaalee manneen barnootaa keessatti yeroo baay'ee barsiisaa fi narsiitiin kan raawwatamuudha. Qorannoon kunis gamaaggama kan dheerinaa, ulfaatinaa, qaroo, dhageettii, talaallii, dubbii, fayyaa hawaasummaa fi miiraa, akkasumas guddina waliigalaa of keessatti haammata. Qorannoon kan raawwatamu umurii daa'imaa irratti hundaa'uun waan ta'eef daa'imni waggaa sadii waan umurii isaaniif malu qofa gaafatamu.

## Yoo Daa'imni Kiyyaa Afaan Ingilizii Kan Hin Dubbanne Ta'ehoo?

Yoo isin ykn mucaan keessan Afaan Ingilizii kan hin beekne ta'e, aanaan keessan nama afaan hiiku qopheessuu ni danda'a. Yeroo daa'imni tokko afaan lama baratu, afaan isaan yeroo baay'ee dhaga'an filachuun ni wayya. Qorannoon kun afaan Ingiliffaa fi afaan manaa kan daa'imaa lachanuutiin nama afaan hiiku waliin raawwatamuu danda'a.

dcyf.mn.gov
dcyf.els@state.mn.us

# Dursa Qorannoo Daa'immummaatiif Gaaffiiwwan Maatiin Irra Deddeebiin Gaafatan

## Dursa Qorannoo Daa'imummaatiif Akkamittan Qophaa'a?

Maqaa fi lakkoofsa bilbilaa ogeessa fayyaa daa'immanii kan daa'ima keessanii, yaadannoo ogeessa kunuunsa fayyaa dhiheessu irraa fi galmee talaallii fiduu qabdu. Akkasumas yaadannoo isin dhiheessuu qabdan kan waa'ee:

- Wantoota daa'imni keessan akka gaariitti hojjetu
- Gaaffii waa'ee fayyaa daa'ima keessanii
- Gaaffiiwwan waa'ee guddina daa'ima keessanii kan akka barachuu, deemuu ykn haasa'uu
- Gaaffii waa'ee arguu ykn dhaga'uu daa'ima keessanii

## Qorataan Yeroo Dursa Qorannoo Daa'imummaatti Yaaddoo Yoo Qabaattan Maaltu Ta'a?

Ogeessi qorataan guddina daa'ima keessanii keessatti naannoo yaaddoo qabu yoo argate filannoowwan muraasni jiru.

Qorataa fi warri daa'ima keessan madaallii kutaa mana barumsaa naannoo keessanii ykn kilinika yaalaa naannoo keessaniif akka erguuf murteessuu danda'u. Akkasumas qorataan daa'ima keessan carraawwan dursa daa'imummaa biroo kanneen akka Head Start, School Readiness, Barnoota Maatii kan dursa Daa'imummaa, Iskoolaarshiipii Dursa Barnoota, sagantaalee Duraa Mana Barumsaa Daa'immanii , sagantaalee Daawwannaa Manaa kan Fayyaa Hawaasaa fi qabeenya hawaasaa birootti erguuf isin waliin hojjechuu danda'a.

## Qorannoon Fayyaa Daa'ima Kootiif Dhiibbaa Ni Qabaa?

Qorannoon fayyaa daa'ima keessaniif dhibee hin fidu. Yeroo qorannootti yaaddoon fayyaa ykn guddinaa yoo ka'e, warri fi qorataan madaalliin dabalataa ogeessa fayyaa ykn barnootaatiin akka barbaachisu murteessuu danda'u. Dafanii argachuun daa'immanii fi maatiin mana barumsaa keessatti akka milkaa'aniif qajeelfama, tajaajilaa fi deeggarsa akka argatan taasisa.

## Daa'imni Tokko Barnoota Addaatti Eeramuu Fi Dhiisuu Irratti Warri Yaada Qabaa?

Ilaalchi warraa, akkaataa daa'imni guddachaa jiru irratti, yeroo hunda yeroo odeeffannoo rifaralaa irratti mari'atan ni hammatama. Gara barnoota addaatti erguun karaa warraa ykn hojjetoota Qorattoota Dursa Daa'imummaatiin taasifamuu danda'a. Gareen Barnoota Addaa Daa'imman Jalqabaa sana booda daa'imni tajaajila barnoota addaa bilisaa argachuuf gahumsa guutuu qabaachuu isaa ilaaluuf ogeessota barbaachisoo ta'aniin gamaaggama dhiheessuu ni danda'a. Tajaajilawwan kunneen mana kessatti, kunuunsa daa'immaniitti ykn mana barumsaa kan daa'imaa keessatti kennamuu danda'u.

## Qorannoo Dursa Daa'imummaa Diduu Nan Danda'aa?

Eeyyee, maatiin tokko sagantaa qorannoo daa'ima isaanii irratti hirmaachuu yoo dhiisan ykn yoo didan, daa'imni qorannoo sana xumuruun isa hin barbaachisu. Seera Minnesota 142D.091 wabeeffadhaa.

**dcyf.mn.gov**
**dcyf.els@state.mn.us**